Ummanni Islaama Itiyoophiaa kan Siyaatilii fi naannoo jiraatan haala Amantii ammaa biiyyatti ilaalchisee Ibsa Ijannoo walii-galaa baasan.

Muddee 19,2011 hordoftoonni amantii Islaamaa kan dhibbaan lakkaawaman waldaa EMAS jedhamutti wal-gahii guddaa, haala seena qabeessaatiin adeemsifame jira. Hirmaattonni wal-gahii kanaas saboota biyyatti keessa qubatan kan akk Oromoo, Amhaaraa, Tigree, Somaalee, Guraagee fi kanneen biraas qooda irraa fudhatanii jiran. Sababni inni ijoon ummata kana dammaqsee walitti fide, siyaasaa osoo hin ta'in Amantiin isaanii kan isaan tokko taasiftu tuqamuu fi Ahbaashiin reebamuu dha. Saboonni adda addaa kun marii isaanii keessatti ham'een ykn guduunfaan gidduu keenna jirtu obbolummaa Rabbiiti jechuun marii geggeessanii jiran. Haaluma wal-fakkaatun filmiin (mul'anni) dokimaantarii Badriidhaan biyya keesssatti qophaa'e daawwatamee jira. Fiilmichis seena qabeessaa ta'uu bira dabree kan daaw'attoota boochisee fi furmaanni maali gaafii jedhu maddisiisee jira. Hirmaattota wal-gahii kana irratti argaman keessaa obboleessi islaamaa kan sabaan Oromoo ta'e tokko akkana jedhe yaada garaa nama raasu dabarfate: Ani sabni koo Oromoo dha, waggoota 20 mman dabran guyyaa tokkos ummata Amhaaraa fi Tigree wajjiin waa'ee diinii kiyyaa mari'adhee hin beeku jedhe. Amma garuu baay'ee gammadee jira itti haa fufnu wal-qabannee tokkummaa keenna haa cimsinuu jedhee jira. Itti aansudhaanis miseensa saba biraa kan ta'e haala dhiitamaa fi dhiibbaa gareen Ahbaash kan mootummaan gargaaramu ummata islaamaa irra geessa jiru kun, ammas ta'ee yeroo biraas addaan nu qooduu gonkuma hin danda'u, inumaa tokkummaa keenna gabbisee coomsa jechuun akeekkachiisee jira. Namoonni hedduun, dhiiraa fi dubartiinis yaada garagaraa kan nama dinqisiisuu dubbatanii jiran.

Haaluma walfakkaatun bakka bu'oonni waldaa muslimaa garagaraa magaalaa Siyaatil gocha mirga dhiibbaa Itiyoophiyaa keessatti ummata islaamaa irratti raawwatamaa jiru balaaleffatanii furmaata irratti mari'ataniiru. Bakka bu'oonni kun jeequmsa hordoftoota islaama biyyatti keessaa eega mari'atanii, mariin kun akka wal-irraa hin cinne koree miseensota nama kudhan kan caalu uumanii jiran. Koreen kunis eega marii adeemsisee booda, ibsa ijannoo armaan gadii baasan.

Ibsa Ejjannoo koree waliigalaa

1. Mootumman Dhimma Amantii jidduu seenuu haa dhiisuu.
2. Majilisa qabsoo fi wareegama ummata Islaamitin argame dabballe ummata islaama hoogganu hin qabneen hoogganamuun haa dhaabbatu. Ummanni islaamaa nama isaanif ta'u akka seerri heeyyameefitti haa filatan, mootummaan gufuu ta'uu irraa haa fagaatu.
3. Mootummaan namoota eenyummaan isaanii hin beekamne tuuta xiqqoo, Ahbaash wajjiin murteessu yaa dhisuu. Akkasumas ummata musilimaa irratti maqaa taargaa "Waahabiyyii" jedhu maxxansuu dhiisee mirgaa heera mootummaan qabu kabachiisuu qaba.
4. Tuutni bicuun Ahbaash nagayaa ummanni islaamaa kan Itiyoophia gadaa dheertuuf wal-hammatanii dirqama obbolummaa bahuuf jiraataa turan hin akka hin boorissine jennee hubichiifna.
5. Dhoksaanis ta'ee ifatti ennutu natti dubbata jechuun dhiibbaan ummata islaamaa irratti dhaabbatoota branootaa keessati raawwatamu, ragaa quubsaa malee

hordoftoota islaamaa hidhuu, garafuu, saamu fi barnoota irraa ari'uun haa dhaabbatu jenne balaaleffanna.

6. Ummanni Islaamaa kan Itiyoophiyaa ummata nagayaa kan seeraan buluu fi wal-kabajee jiratu akka ta'e raga hin barbachisu. Keessattu yeroo ammaa kana Tuutni Ahbaash kan hawwe walitti bu'iinsa isaaniitii fi dhangala'ama dhiigaa ti. Mootummanis kana xiinxallee akka mirga ummata islaam eegu gadi fageennaan akeekkachiifna.

Rabbiin balaa ummata Islaamaa Itiyoophiyaa irratti dhuldhulee yarsaa juru irraa haa kaasu.

AMIIN